Original source: https://www.canada.ca/en/department-finance/news/2020/03/introduces-canada-emergency-response-benefit-to-help-workers-and-businesses.html

Last Updated: March 25, 2020

Bu'aa fi Deebi Hariifachiisa Mootuma Kanaadaa, Canada Emergency Response Benefit (CERB).

Bitootessa/March 25, 2020 - Ottawa, Ontario - Department of Finance Canada

Mootumaan Kanaadaa weerara dhukkuba Kovid-19n (COVID-19) walqabatee kufaatii dinagdee ittisuuf ejjenno gurguddaf bu'a qabeessa fudhachaa jira.

Eenyuumtiyuu maatiisaatiif waan barbaachisu hunda kan akka nyaataa, kafaltii gatii qorichaatiif maatiisa kunuunfachuuf jecha dhiphachuu hinqabu. Dabalatas hojetoota qacarate gargaaruuf ykn manneen daldalaa hojetoota isaani akka hindhabne gargaaruuf jecha mootumaan Kanaadaa tajaajila gargaarsa yeroo hariifachiisa labseera.

Tajaajilawan kuniinis weerara Kovid-19n walqabate hojetoota hojii dhaabaniif hanga ji'a afuriitti ji'aan $2000 kenna. Gargaarsi kun waadaale kanaan dura galaman caala haala fooya'aaf sirriitti kan qindaa'eedha.

Tajaajilawan kana kan hirmaachu dandan'us kovid-19n hojii kan dhaaban, dhukubsatoota, kan adda baafamnii jiran ykn kan maati dhukubsataa kunuunsan, manneen barumsaafi oolmaan daa'imanii waan cufameef kaffaltii tokko malee ijoolee kunuunsuuf hojii dhaabanii mana ooluuf kan dirqaman hundumaa qabata.

Tajaajili kun kan ulaagaalee wabi-kafaltii-qacarri (EI) hin guunne mindeefamtoota ji'a, hojetoota kontoraata, hojii dhuunfaa kan hojetan hundumaa qabata.

Dabalataanis hojiiraa kan hin aryatamin garuu kovid-19n dhukubsatanii hojechuu kan hin dandeenye, kafaltii kan argachaa hin jire hundumtuu hirmaatota tajaajila kanaati. Kunis maneen daldalaa hojetoota isaani akka hindhabneef gargaara.

Tajaajili wabi-kafaltii-qacarri (EIn) iyyatoota lakoofsa gudda qabu akka tajaajiluuf kan caasefamee waan hitaaneef namni kovid-19n rakina keessa gale hundumtuu caasaa haara kana keessa kan galu ta'a.

Tajaajili wabi-kafaltii-qacarri (EI) kan argachaa jirtan tajaajila kanaaf iyyachuu hinqabdaan. Isuma sana itti fuftu.

Tajaajili wabi-kafaltii-qacarri (EIn) keesan Onkololeesa/October 3, 2020n dura kan isin jalaa dhumu yoo ta'e, akka inni dhaabateen isa kanatti iyyachuu dandeesu.

Tajaajila wabi-kafaltii-qacarritti (EI) iyyanoo galfatanii kan isiniif ilaalamaa jirus kana iyachuu hinqabdan.

Tajaajila wabi-kafaltii-qacarri (EI) argachuuf ulaagaalee kan guutanis Tajaajiluma wabi-kafaltii-qacarri (EI) argachuu dandeesu.

Torban 16 boodees hojii jalqabu kan hin dandeenyes tajaajila kanatti iyyachuu dandeesu.

Mootumaan Kanaadaa akka qarshiin harka keesan irra hin dhabamneef hojechaa jira. Tajaajila kanas Eebla/April 2020 irra kaase argachuu dandeesu. Ulaagaale wabi-kafaltii-qacarri (EI) kan guutan garu here, irratti iyyachuu danddeessu.

Tajaajila kana argachuuf kan iyyatan hundumtuu guyyaa kudhan keessatti kafaltiin isiniif jalqabamaa. Kafltiin kunis Bittotessa/March 15, hanga Onkololeessa/October 3, 2020tti ta’a

wabi-kafaltii-qacarri=employment insurance (EI)